

# MAGAALAA SEATTLE KAFFALTII HOJJATTOOTA KUNUUNSA DAA'IMMANIITIF BEEKKAMTII LAACHUU

## Dhiyeessitoota Kunuunsa Daa'immaniitif Gaaffilee Yeroo Heddu Dhiyaatan (FAQ)

### 1. Kaayyon kaffaltii beekamtii laachuu maalidha?

Magaalan Siyaatil kaffaltii beekamtii laachuu Seattle Rescue Plan funds irraa bajata \$2,900,000 ramadeera. Kunis naannoo Siyaatil qofaa keessatti hojjattoota Department of Children, Youth, and Families (Dippaartimentii Daa'imman, Dargaggoota fi Maatiwwanii, DCYF) manattii fi wiirtuu kunuunsatti sagantaa kunuunsa daa'immaniitin waraqaa ragaa qaban hundumaaf kallattiidhan qoodufi. Fandichi namoota yeroo weerara dhibee fayyaa hawaasaa kanatti daa'imman jajjaboo barsiisu fi kunuunsudhaan hojjiwwan gaggaarii hojjataniif beekamtii kennuuf kan karoofameedha. Seattle Childcare Business Coalition (SCBC, Waldaa Daldala Kunuunsa Daa'immanii Seattle), Economic Opportunity Institute (Inistitiyuutii Carraa Diinagdee) wajjiin gamtaa'uun fandiiwwan kanneen gargaaruu isaaniitif ni galateeffana.

### 2. Kaffaltii hojjattoota kunuunsa daa'immaniitif beekamtii laachuu argachuuf eenyutu ulaagaa guuta?

Kaayyon carraa kanaa barsiisota mana baruumsa oolmaa daa'immanii duraa fi hojjattoota kunuunsa daa'immanii yeroo weerara dhibichaatti sagantaalee kunuunsa daa'immanii Magaala Siyaatil keessatti argamu keessa hojjataa turaniif dursa kennuudha.

Galmeen fandii kanaa hojjachiisadhaan galuu qaba. Ijoollee maatii daa'imman kunuunsaniitif immoo kan galchu abbaa qabeenyichaa (licensee) dha. Biizinasiiwwan fandii kana fudhatan hojjattoota ulaagaa guutaniif kennuudhaf itti gaafatamummaa qabu. Kanneen amma qacaramanii jiraniif fayidaa kana (the benefit) kennuufin hojjachiiftonni kafalticha raabsufii yookin kennuufii akka danda'an mirkaneessa.

Ibsa hojjattoota ulaagaa guutani:

- Hojjattoonni kunuunsa daa'immanii hundi kanneen wiirtuu kunuunsa daa'immanii DCYF hayyama qaban keessatti bakka sanatti argamuun (on-site) hojjatan yookin sagantaa kunuunsa daa'immanii manatti taasifamu kan naannoo daangaa magaala Siyaatil keessatti argamu keessa hojjatan kaffaltii kana argachuu ni danda'u, qacariin isaanii yeroo guutuu yookin yeroo walakkaa (full-time or part-time) yoo ta'es jechuudha.
- Hojjattoota bara 2021 keessa yoo xiqqate ji'oota jahaafa Peeyiroolii kunuunsa daa'immanii manatti taasifamu yookin wiirtuu keessatti taasisuuf hayyamaqabu DCYF kamiyyuu irra yoo turan FI ammayyuu guyyaa galmee sanatti wiirtuu hayyama qabutti yoo qacaraman. Namni tokko biizinasii kunuunsa daa'immanii DCYF hayyama qabu fi magaala Siyaatil keessatti argamu keessa si'a tokkoo ol yoo hojjatan ulaagaa guutuu ni danda'a, yeroon hojjate sun yoo xiqqaate ji'a jahaaf yoo ta'e. Bara 2021 tti yeroon hojii bakka garaa garaatti hojjate dirqama si'a tokko ta'uu hin qabu.
- Hojjattoonni hanga buufataalee kunuunsa daa'immanii naannoo daangaa magaala Siyaatil keessatti argamu keessatti hojjatanitti jirattoota Siyaatil ta'uun isaan irraa hin eegamu.
- Baadiyyaa fi magaala King County dabalatee sagantaaleen Siyaatiliin ala jiran ulaagaa hin guutan. Daangaa Siyaatil keessatti warreen hayyama malee kunuunsa daa'immanii irratti bobba'an (school-age license-exempt providers) ulaagaa hin guutan. Maatii, hiriyyaa yookin ollaa isaaniitif namoonni kunuunsa daa'immanii kennan ulaagaa hin guutan.

**3. Ani dhuunfadhaan nama kunuunsa daa'immanii kennu ta'ee daa'iman biroo wiirtuu DCYF kiyya kan hayyama qabu keessa jiran wajjinan hojjadha. Ofii kiyyaaf kaffaltii beekamtii argachuu kanaaf galmaa'uu nan danda'aa?**

Eeyyee. Hojjattoota qacaramanii hojjatan qabaachuun sirraa *hin* eegamu. Dhiyeessaa Family Child Care (Kunuunsa Daa'immanii Manatti taasifamu, FCC) yeroo darabee keessan hedduu isaa kallattiidhan daa'imman wajjin turtu yoo taatanii fi biizinasii DCYF keessan hayyama qabu daangaa magaala Siyaatil keessatti kan argamu yoo ta'e fi ulaagaa ji'a jaha armaan olitti eerame yoo guuttan, akka nama kaffaltii kana fudhachuuf ulaagaa guututti of lakkaa'uu dandeessu.

**4. Akka nama dhuunfadhaan kunuunsa daa'immanii kennuu yookin wiirtuu kunuunsa daa'immanii kennuutti, kaffaltii kana fudhachuudhaf dirqama iddoon itti tajaajila kennu banaa gochuun qabaa?**

Eeyyee, yeroo kanatti iddoo tajaajilaa banaa gootee ijoollee fudhachuu qabda. Sagantaan kee bara kana ji'oota jahaan darban keessatti yoo xiqqaate daa'ima tokko kan galmeessee tajaajila kenneef ta'uu qaba.

**5. Hangi kaffaltii hangami?**

Hojjattoota kunuunsa laatanii kaffaltii wal fakkaataa argatu. Hangi dimshaashaa kaffaltii tokkoon tokkoo hojjattoota kunuunsa daa'immanii hayyama qabaniif beekamtii kennuuf kaffalamuu, walii gala lakkoofsa hojjattoota ulaagaa guutanii warra galmeessaniin adda bahe irratti hundaa'a (will depend on the total number of eligible employees identified by applicants).

**6. Kaffaltiin kun gahaadhaa?**

Lakki, kaffaltichi gahaa miti.

**7. Namni kunuunsa daa'immanii kennu (a provider) maatiwwan kaffaltii deeggarsaa (subsidy) Kunuunsa Daa'immanii argataa jiran yookin Child Care Assistance Program (Saganataa Gargaarsa Kunuunsa Daa'immanii, CCAP) yookin Working Connections Child Care (Kaffaltii deeggarsaa Kunuunsa Daa'immanii, WCCC) keessatti galmaa'anii jiran ulaagaa akka guutaniif (to be eligible) gargaaruu qabaa?**

Lakki. Qaamni kunuunsa daa'immanii DCYF hayyama qabu kan Siyaatil keessatti argamu kamiyyuu fayidaa kanaaf galmaa'uu ni danda'a, Working Connections Child Care (WCCC) yookin Child Care Assistance Program (CCAP) yoo argatanis ta'ee hin arganne.

**8. Namni tajaajila kunuunsaa kennu tokko (provider) Warreen Sadarkaa Gadiitti Milkaa'anii (Early Achievers) galmaa'uu qabaa?**

Lakki. Qaamni kunuunsa daa'immanii DCYF hayyama qabu kan Siyaatil keessatti argamu kamiyyuu galmaa'uu ni danda'a.

**9. Fandiiwwan kun maalif oolu?**

Fandiiwwan kanneen fudhachuudhaf, dhiyeessitoonni tajaajilaa Magaalaa Siyaatil wajjin walii galtee mallatteessuu qabu. Fandiiwwan kun kallattiidhan hojjattoota isaanii ulaagaa guutaniif (eligible) kennama. *Waa'ee itti fayyadama fandiiwwanii ilaalchisee fi Magaalichi raagaalee (records) gaafateera yoo ta'e, dhiyeessitoonni tajaajilaa ragaalee olkaa'utu isaan irraa eegama.*

Akkataa hojjattoonni fandicha itti fayyadaman ilaalchisee, kaffaltiin beekamtii kennuu kun dambii dhorkaa homaatu hin qabu.

**10. Kaffaltiiwwan kun guutummaatti kennamuu?**

Guutummaan fandichaa kan kennamu, erga galmeen (application) xumurameen booda. Kaffaltiin dhiyessitoota tajaajilaata karaa EFT yookin karaa teessoo teessoo poostaa galme irratti barreeffamee

cheekidhaan kaffalama. Kaffaltiin dhiyeessitoota tajaajilaa kan kennamu Onkolooless 25 – Sadaasa 30, 2021 gidduutti.

**11. Fandiiwwaan/kaffaltii kana yooman hojjattoota kiyyaaf qooduu qaba?**

Kaffaltiin hojjattootaf kan qoodamuu qabu, erga dhiyeessan tajaajila fandicha fuudhen booda yeroo peeyiroolii itti aanan lamaanitti ta'uu qaba, gaafa Mudde 31, 2021 yoo ta'e filatamaadha.

**12. Ani Siyaatil keessatti bakka garaa garaatti ejansii hayyama kunuunsa daa'immanii qabu yoon ta'e, tokkoon tokkoo bakka tajaajilli kunuunsa daa'immanii itti kennamuutif qophaatti galmaa'un qabaa?**

Eeyyee. Sagantaalen maqaa isaani fi # Waraqaa Eenyummaa hayyama DCYF akka qaama galmeetti ni tarreessu. Tokkoon tokkoon galmees Lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa hayyama DCYF adda ta'e qabaachuu qaba.

**13. Dookumentiiwwan maal fa'aan galchuu qaba?**

Erga ergaan (notification award) dhufeen booda, hayyama biizinasii Washington State Unified Business Identifier (Lakkoofsa Galmees Biizinasii, UBI) yookin hayyama kunuunsa daa'immanii DCYF fi W-9 xumuramee mallattaa'e wajjin galchuu qabdu. Dhiyeessitoonni tajaajilaa milkaa'an (approved) Magaala Siyaatil wajjin walii galtee, karaa DocuSign tin ergamu, mallatteessuu qabu.

**14. Fandiiwwan kana qaraxni irraa citaa?**

Fandii deeggarsaa kun akka galiitti ilaalama. Ashuuraan wal qabatee, kaffaltiiwwan deggarsaa akkuma galii daldalaa keessan kanneen birootti ilaalamu qaba.

Dhiyeessitoonni ashuuraawwan fi/ykn kaffaltiiwwan bulchiinsaan wal qabatan kamiyyuu gara hojjetoota isaanitiif dabarsuuf faandiiwwan baasii daldalaa uwwisuuf rammadaman keessaa 15% qabachuu danda'u. Herregni hafu kallattiidhan gara hojjetoota keessaniitti darbuu qaba. Maaloo mindaa qabachuun kamiyyuu hamma beenyaa dhumaa hojjetoota dhuunfaatiif kaffalamuu irra caalaatti hir'isuu akka malu hubaadhaa.

Fakkeenyaaf, iyyanoo keessan irratti ejensiin keessan namoota 20 gaafatee \$5,000 fudhattan haa jennu. Ejensiin keessan kana gara miindaa hojjatoota keessaniiti dabarsuuf gibiroota ykn baasiiwwan bulchiinsaa kamiyyuu uwwisuuf 15% (fakkeenya kana keessatti, \$750 ta'a) qabachuu danda'a. Kana jechuun hojjatoota gaafataman 20 keessaniif yoo xiqqaate \$4,250 dabarsuuf dirqama qabdu jechuudha.

Agarsiistuuwwan daldala keessan irratti dhiibbaa fidan irratti ogeessa gorsaa ashuraa gaafadhaa.

**15. Nagaheewwan kaffaltii deeggarsaati wal qabatan dhiyeessitoonni tajaajilaa olkaa'anii galchuu qabuu?**

Lakki. Ragaalee itti fayyadama fandiiwwanii ilaalchisee fi Magaalan Siyaatil yoo gaafate kennuufidhaaf qofa olkaa'utu irraa eegama.

**16. Kaffaltii deeggarsaa (grant) kanaaf galmaa'uf guyyaan dhumaa jiraa?**

Eeyyee. Guyyaan galmees kan xumuru Onkoloolessa 11, 2021, **11:59 pm Pacific Daylight Time** tti.

**17. Dhiyeessan tajaajilaa tokko kaffaltii beekamtii laachuf kaffalamu argachuuf akkamitti galmaa'a?**

Fulbaana 20, 2021, dhiyeessitoonni tajaajila kunuunsa daa'immanii Magaala Siyaatil keessatti argaman imeeliin liinkii galmees qabu isaan dhaqqaba. Dhiyeessitoonni tajaajilaa liinkii kaffaltii deeggarsaa irratti

cuqaasun maqaa, teessoo fi lakkoofsa Waraqaa Eenyummaa dhiyeessa tajaajilaa biizinasii keessaanii yookin Unified Business Identifier (UBI). dabalatee gaaffilee gaggabaaboo muraasa ni deebisu.

Deeggarsa kaffaltiitif galmaa'un karaa marsaa intarneetii ni jira, bifa PDF tiin afaanota Ingiliffaa, Amaariffaa, Arabiffa, Afaan Chaayina Durii (Simplified Chinese), Afaan Oromoo, Somaaliffa, Ispaaanish, fi Afaan Veetanamin jira. Galmeen yookin unki PDF piriint ta'ee, guutumaa/xumuramee [DEELfunding@seattle.gov](mailto:DEELfunding@seattle.gov) tti galuu danda'a.

**18. Dhiyeessan tajaajilaa galmee guutuu irratti deeggarsa yoo barbaade hoo?**

Gargaarsa yoo barbaaddan, To'ataa Warreen Sadarkaa Gadiitti Milkaa'anii (Early Achievers Coach) qunnamaa. To'ataan keessan eenyu akka ta'e hin beektan yoo ta'e, sarara bilbilaa 1-800-446-1114 irratti bilbiluun Dhiyeessaa Bu'uraalee Kunuunsa Daa'immanii (Child Care Resources provider) qaunnamaa.

**19. Dhiyeessan tajaajilaa yoomi fi akkamitti tajaala fudhata?**

Beeksisni inni dhumaa walakkeessa ji'a Onkoloolessaa keessa taasifama. Dhiyeessitoonni tajaajilaa hundinuu karaa imeelii hubachiisni (notification) isaan qaqqaba. Kaffaltiin dhiyessitoota tajaajilaata kallattiidhan yookin karaa teessoo teessoo poostaa galmee irratti barreeffamee kennamaaf. Kaffaltiin dhiyessitoota tajaajilaa kan kennamu Onkolooless 25 – Sadaasa 30, 2021 gidduutti.

**20. Hojjataan tokko erga iyyannoon galee booda sagantaa kiyyaa yoo gadi dhiisee deeme hoo?**

Yoo hojjattooni iyyannoo irratti akka gahumsa qabanitti filataman iddoo kunuunsa daa'immanii keessan irratti kana booda kan hin qaccaramnee fi kuni lakkoofsa hojjattoota isin akka gahumsa qabaniitti adda baastan 25% ykn isaa gadi bakka kan bu'u ta'e, sagantichi hojjattoota gahumsa qaban amma qaccaramanii jiraniif hamma badhaasa beekamtii guutuu wal-qixa hiruufii qaba.

Yoo hojjattoonni keessan isin akka gahumsa qabanitti gabaastan 25% oli kana booda sagantaa keessan irratti kan hin hojjenne ta'an, hammi badhaasaa keessanii irra deebiin herregamuu kan qabu ta'ee isin [DEELfunding@seattle.gov](mailto:DEELfunding@seattle.gov) irratti quunnamuu qabdu.